



**WAAJJIRA AFYAA' IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E**

Waggaa 15th Lak. 4/1999

፲፭ኛ ዓመት ቁጥር ፬/፲፱፻፲፱

15th year No. 4/2006

Finfinnee, Sadaasa 18 Bara 1999

ፌንፊኔ ህዳር ፲፰ ቀን ፲፱፻፲፱ ዓ.ም

Finfine, November 27, 2006

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko

የገዳ ዋጋ

Unit Price

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo
Oromiyaatiin Kan Bahe

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa 21383-1000

የፖ.ሣ.ቁጥር

P.O.Box

QABIYYEE

Labsii Lak.122/1999

Labsii Manneen Bulchiinsa Mootummaa
Naannoo Oromiya Bulchuu Mirga
Dabarsuufi Raawwannaasaa Murteessuuf
Bahe Fuula 1

ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፪/፲፱፻፲፱

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
የሚያስተዳድራቸውና ቤቶች የማስተላለፍ ኃላፊነትንና
አፈጻጸሙን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ገጽ ፩

CONTENT

Proclamation No. 122/2006

Proclamation to provide for the Execution,
Administration and Transfer of the Oromiya
Regional State Government Houses... Page 1

Labsii Lak.122/1999

Labsii Manneen Bulchiinsa
Mootummaa Naannoo Oromiya
Bulchuu Mirga Dabarsuufi
Raawwannaasaa Murteessuuf Bahe

አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፪/፲፱፻፲፱

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
የሚያስተዳድራቸውና ቤቶች
የማስተላለፍ ኃላፊነትንና አፈጻጸሙን
ለመወሰን የወጣ አዋጅ

Proclamation No 122/2006

Proclamation to provide for the
Execution, Administration and
Transfer of the Oromiya Regional
State Government Houses

Rakkoon jiraattota magaalota Oromiyaa
hanqina manaafi tajaajila bu'uura dabalatee
jireenyumtuu baadiyaan waan wal
qabateef; baadiyaaniifi magaalli wal
gargaaraa akka misooman tasifaman malee,
sochiin Mootummaa bu'aa guddina
waliigalaafi itti fufaa ta'uu waan hin
dandeenyeef;

Rakkoo mana jireeyaa magaalota Oromiyaa
fooyyessuuf jiraattota magaalotaa qofa otoo
hin ta'in qotee bulaa baadiyyaa jiraachaa
magaalotatti mana ijaarrachuuf humna
qabu akka hirmaatu haala mijeessuun
barbaachisaa waan ta'eef;

Keessattuu, uummanni Oromoo sirnoota
darbaniin magaalotii keessatti karaa
siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatin itti
fayyadamaa waan hin turreef magaalota
keessatti haala wal qixaa ta'e uumuun
barbaachisaa waan ta'eef;

በኦሮሚያ ከተሞች የሚገኙ ነዋሪዎች ችግር
ከቤት እጥረት እና መሰረተ ልማት በተጨማሪ
ኑሮው በራሱ ከገጠር ጋር የተቆራኘ በመሆኑና
ከተማና ገጠር እርስ በእርስ በመረዳዳት ልማትን
ካላፋጠኑ የመንግሥት እንቅስቃሴ ብቻ ጠቀሜታ
ያለው ዘላቂ እድገት ማምጣት ስለማይችል፤

በኦሮሚያ ከተሞች ያለውና የቤት ችግር
ለመቅረፍ የከተማው ነዋሪ ብቻ ሳይሆን በገጠር
እየኖረ በከተማ ቤት ለመስራት አቅም ያለው
ገበሬ እንዲላተፍ ሁኔታዎችን ማመቻቸት
አስፈላጊ ስለሆነ፤

በተለይም የኦሮሞ ሕዝብ ባለፉት ሥርዓቶች
በከተማ ውስጥ በፖለቲካ፤ በልማትና
በማህበራዊ ጉዳዮች ላይ እኩል ተጠቃሚ
ሰላልነበር ይህንንም ችግር ከሥር ነቅሎ መጣለ
አስፈላጊ ስለሆነ፤

WHEREAS, in addition to lack of shelter
and infrastructure service problems of
Oromiya urban residents, for urban life is
linked to rural, unless both areas assist one
another to enhance development,
government efforts alone can hardly bring
about sustainable development;

WHEREAS, to resolve shelter problems of
residents in the urban areas of Oromiya, it
is necessary to facilitate not only for urban
dwellers but also for farmers residing in
rural areas and can afford to build units in
the towns;

WHEREAS, particularly the Oromo people
had never been beneficiaries of urban
politico-socio-economies of the past
regimes, so it is necessary to create equity
in urban areas;

Mootummaan Naannoo sadarkaa jireenyaafi fedhii jirattota magaalotaafi naannoosaanii ilaalcha keessa galchuun bu'uura sagantaa misooma manaa baasee magaalota keessatti ijaarsi manneenii adeemsifamaa waan jiruuf;

Haala seera qabeessa, adeemsa bu'aa bahii hin qabneen, ifaafi saffisaa akkasumas gahee saalaa haala mirkaneessuun, humna galii tilmaama keessa galchuudhaan hamma kafaltiifi manneen ijaaraman haala jiraattota magaalaatiif itti darbaniifi raawwannaan haalli abbaa manaa itti ta'an tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Manneen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bulchuu, Mirga Dabarsuufi Raawwannaasaa Murteessuuf Bahe Lak. 122 /1999" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti;

1) "Kan Mana Barbaadu" jechuun akkaataa Labsii kanaatiin nama qaama Mootummaa Naannootin manni hin darbiiniif ta'ee;

(a) Bu'uura Labsii kana Keewwata 4 jalatti caqafameen hanga guyyaa iyyannoo dhiyeffateetti magaalaa naannoo keessaafi magaalaa keessaa mana dhuunfaa ykn iddoo mana itti ijaarratu kan hin qabne, ykn;

(b) Mannisaa, iddoon manasaa ykn manni Mootummaa kan inni kireeffatee sababa sagantaa misooma magaalichaaf ykn sagantaa misooma biroottiif akka gadi lakkisu kan godhameefi nama akkaataa Labsii kanaa Keewwata 4tin mana bitachuuf iyyata dhiyeffate kamiyyuu ennaa ta'u; nama hojiif ykn barumsaaf yeroodhaaf magaalichaa ala jirus ni dabalata ykn;

የክልሉ መንግስት የከተማ ነዋሪዎችን ያደርጋል ደረጃና ፍላጎት ግምት ውስጥ አስገብቶ ባወጣው የቤት ልማት ፕሮግራም መሠረት በከተሞች የቤቶች ግንባታ በመካሄድ ላይ ያለ በመሆኑ፤

ፍትሕ፣ ግልጽ፣ ቀልጣፋና ውጣ ወረድ በሌለው ቀላል በሆነ ሥነ ስርዓት፣ እንዲሁም የተጠቃሚዎችን የጾታ ተዋጽኦ በሚያረጋግጥና የገቢ አቅም ግምት ውስጥ በሚያስገባ የክፍያ መጠንና የአከፋፈል ሁኔታ የተገነቡ ወይም የሚገነቡ ቤቶች ለከተማ ነዋሪዎች እና በአካባቢው ለሚገኙ ሀብታም ገበሬዎች የሚተላለፍበትን የቤት ባለቤት የሚሆኑበትን አፈጻጸም መደንገግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል ሕገ መንግሥት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፱ አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) በተደነገገው መሠረት ይህ አዋጅ ታውጧል፡፡

ክፍል አንድ

ጠቅላላ

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ «የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሚገነባቸውና ቤቶች ለማስተላለፍ ኃላፊነታቸውንና አፈጻጸሙን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፱/፲፱፻፺፱» ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም ካላለጠ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፤

፩) «ቤት ፈላጊ» ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት በክልሉ መንግስት አካላት ቤት ያልተላለፈለት ሰው ሆኖ፤

(ሀ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፬ በተመለከተው መሠረት

ማመልከቻ እስካቀረበበት ቀን ድረስ በሚኖርበት ከተማና በከተማው ዙሪያ አካባቢ የአራሱ የግል ቤት ወይም መስሪያ ቦታ የሌለው፤ ወይም

(ለ) የግል መኖሪያ ቤቱ፣ የቤት መስሪያ ቦታው ወይም የተከራየው የመንግስት ቤት በከተማው የቤት ልማት ፕሮግራም ወይም በሌላ የልማት ስራ ምክንያት የሚነሳበት በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፬ መሠረት ቤት ለመግዛት ማመልከቻ የሚያቀርብ ማንኛውም ሰው ሲሆን፤ በሥራ ወይም በትምህርት ምክንያት ለጊዜው ይኖርበት ከነበረው ከተማ ውጪ የሚኖር ሰውና ይጨምራል፡፡

WHEREAS, the Regional State Government taking into consideration the interest of the residents of the towns and its environs has drawn housing development plans and is undertaking their implementations;

WHEREAS, it is necessary to legislate equitable, transparent, efficient, and simple execution procedures that enable to transfer the ownership of units constructed to the town residents in a manner that takes into account their income potentials and sex composition;

NOW THEREFORE, in accordance with Constitution of the Oromiya National Regional State Government No. 46/2007 Article 49(3) (a), hereby proclaims follows;

Part One

General

1. Short Title

This Proclamation may be cited as "The Proclamation to Provide for the Execution, Administration and Transfer of the Oromiya National Regional State Government Houses No. 122/2006".

2. Definitions

Unless and otherwise the word meant to have a different meaning in the context, in this Proclamation:

1) "Home Seeker" means a person to whom a unit has not been transferred according to this Proclamation, and

(a) In accordance with Article 4 of this Proclamation until the day he lodged application, provided that he has no his own private house or plot of land in the Regional State Town.

(b) Whose private house, plot of land or leased government house is to be cleared by the town's Development Program or any other development undertaking, provided that he has lodged application to purchase a unit according to Article of this Proclamation, and shall include one who is temporarily residing out of that town on account of business or study.

- (c) Kaffaltii raawwachuuniifi iyyata gaaffii manaa galfachuun akkuma eegametti ta'ee, haala baay'ina uummata Oromoo magaalichaa hubannoo keessa galchuudhaan, akkasumas qotee bulaa naannichaafi iyyataa Koreen Bulchiinsa Magaalaa dhimma kanaaf filatu dursi ni kennama. Akkaataan dhimmi kun itti raawwatamuufi ulaagaan barbaachisu dambiidhaan ibsama.
- 2) "Mana kondominiyeemii gamtaa tajaajilu" jechuun hiika Labsii Abbaa Qabeenyummaa Kondominiyeemii Lak. 121/1999 keessatti kennameef qabaatu;
- 3) "Istudiyoo" jechuun kutaa fincaaniifi iddoo itti bilcheeffatan (kitchen) keessaan yookiin alaan dhuunfaatti akka qabaatu godhamee kan ijaaramee fi qaama kondominiyeemii kan ta'e mana jireenyaa kutaa tokko qofa qabu jechuudha.
- 4) "Labsii" jechuun Labsii Abbaa Qabeenyummaa Kondominiyeemii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 121/1999 jedhuudha.
- 5) "Mana Mootummaa" jechuun qabeenyummaan isaa kan Mootummaa ta'ee qaama Naannichaa kamiinuu ykn Waajjira Pirojektii Misooma Manneeniitin namootaaf kireeffamee magaalota keessatti kan argamuudha.
- 6) "Baasii Ijaarsaa" jechuun Waajjira Pirojektii Misooma Manneeniitin tajaajilamtoota tokkoon tokkoon isaaniif mana tajaajilu ijaaruuf qofa baasii ba'e ykn ba'uudha.
- 7) "Waajjira" jechuun Waajjira Pirojektii Misooma Manneen Naannoo Oromiyaa ykn Waajjiroota Damee Misooma Manneenii Magaalota keessatti argamaniidha.
- 8) "Waldaa" jechuun Waldaa Qusannaafi Hojii Gamtaa ykn Waldaa Gamtaa Qusannaafi Liqii Bu'uuraa sadarkaa magaalatti dhaabbate ykn Yuniyeenii Waldaa Afooshaa ykn Afooshaa kamiyyuu jechuudha.
- 9) "Boordii" jechuun Boordii Waajjira Pirojektii Misooma Manneen Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

(ሐ) ከፊያ መፈጸምና የቤት መጠየቅያ ማመልከቻ ማስገባት እንዳለ ሆኖ በከተማ ውስጥ የሚገኙትን የኦሮሞ ህዝብ ብዛት ከግምት በማስገባት እንዲሁም በአካባቢው የሚገኘውን ገበሬ የከተማው ነዋሪ ለማድረግ የከተማው ከሚቴ አስተዳደር ለዚህ ጉዳይ ብሎ ለሚመርጠው አመልካች ቅድሚያ ይሰጣል፡፡

፪) «የጋራ መጠቀሚያ ኮንዶሚኒየም ቤት» ማለት በኮንዶሚኒየም ባሌቤትነት አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፪/፲፱፻፺፱ የተሰጣቸው ትርጉም ይኖራቸዋል፡፡

፫) «ስቱዲዮ» ማለት የግል መፀዳጃ ክፍልና ማእድ ቤት በውስጡ ወይም ከውጪ እንዲኖረው ተደርጎ የተሰራና የኮንዶሚኒየም አካል የሆነ ባለ አንድ ክፍል መኖሪያ ቤት ነው፡፡

፬) «አዋጅ» ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ አልላዊ መንግስት የኮንዶሚኒየም ባለቤትነት አዋጅ ቁጥር ፩፻፳፪/፲፱፻፺፱ ነው፡፡

፭) «የመንግስት ቤት» ማለት ንብረትነቱ የመንግስት ሆኖ በክልሉ ማንኛውም አካል ወይም በኦሮሚያ የቤቶች ልማት ፕሮጀክት ጽህፈት ቤት ተከራይቶ በከተሞች ውስጥ የሚገኝ ነው፡፡

፮) «የግንባታ ወጪ» ማለት የቤቶች ልማት ፕሮጀክት ጽህፈት ቤት ለአንዳንዱ ተጠቃሚ የሚያገለግለውና ቤት ለመገንባት ብቻ ያወጣው ወይም የሚያወጣው ወጪ ነው፡፡

፯) «ጽሕፈት ቤት» ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ አልላዊ መንግስት የቤቶች ልማት ፕሮጀክት ጽህፈት ቤት ወይም በየከተማው የሚገኙ የቤቶች ልማት ፕሮጀክት ጽሕፈት ቤት ናቸው፡፡

፰) «ማሕበር» ማለት በከተማ አቀፍ ደረጃ የተመሠረተ ቁጠላን ብድር ህብረት ስራ ማህበር፣ ህብረት ወይም መሠረታዊ ቁጠላና ብድር ህብረት ሥራ ማህበር ወይም በከተማ አቀፍ ደረጃ የተመሠረተ የዕድሮች ህብረት ወይም ማናቸውም እድር ነው፡፡

፱) «ቦርድ» ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ አልላዊ መንግስት የቤቶች ልማት ፕሮጀክት ቦርድ ጽህፈት ቤት ነው፡፡

(c) Keeping the execution of the unit payment and the application lodge for the unit as it is and taking into consideration the big size of the Oromo population residing in the town as well as the farmer of the environ, priority will be given for any Home Seeker who applied for a unit to the committee of Town Administration. The implementation of the issue under question will be explained on the code of conduct of the Office.

2) "Unit", "Condominium" and "Common Element" shall have the meaning given to them by the Proclamation No. 121/2006.

3) "Studio" means a single room dwelling house constituting part of a condominium and having its own toilet and kitchen built inside or outside thereof.

4) "Proclamation" means Proclamation on the Ownership of condominium of the Oromiya National Regional State Government No. 121/2006.

5) "Government House" means any house or organ of the region located in the town owned by the government or leased by the National Regional State Housing Development project Office.

6) "Construction Cost" means direct cost incurred by the National Regional State Housing Development Project Office for the construction of each house to be used by a Home Seeker.

7) "Office" means the Oromiya National Regional State Housing Development Project Office or branch Offices of the Housing Developments located in the town.

8) "Association" means union of saving and credit cooperatives or credit and saving cooperatives organized at town level or union of *Idirs* organized at town level or any *Idirs*.

9) "Board" means board of the Oromiya National Regional State Housing Development Project Office.

- 10) “*Nama*” jechuun nama uumamaa ykn kan seeraan qaamni namummaa kennameef jechuudha.
- 11) Labsii kana keessatti jechi dhiira ibsan dubartiis ni dabaluu.

3. Daangaa Raawwattiinsaa

Labsiin kun namoota manneen sagantaa misooma manneen naannichaatin ijaaramanutti fayyadamaniifi akkasumas namoota bulchiinsa manneenii kanaa wajjin qunnamtii qabanirratti ni raawwatama.

Kutaa Lammaffaa

Akkaataa Namoota Mana Barbaadan Itti Galmeessamaniifi Manneen Mootummaa Naannichaan Ijaaraman Dabarsuun Itti Raawwatamu

4. Akkaataa Iyyannoon Namoota Mana Barbaadanii Itti Dhiyaatu

- 1) Namni mana barbaadu kamiyyuu:
 - (a) Waldaa miseensa itti ta’e, Waajjira isaa, Waajjira Bulchiinsa Magaalaa ykn Gandarraa iyyata kallattiin dhiyeessee galmaa’uudhaan mana jireenyaa kaffaltii walduraa duuba yeroo dheeraa keessatti ykn kaffaltii yeroo tokkoon raawwatamuun mana bituu akka barbaadu beeksisuu ni danda’a.
 - (b) Mana daldalaa bituuf ykn kireeffachuuf kan barbaadu yoo ta’e, akkaataa seera faayinaansii Naanichaatti beeksisa caalbaasii bahu ykn mariirratti (negotiation) hundaa’ee iyyata bittaa ykn kiraa mana daldalaa waajjirichaatti dhiyeessuun gaafachuu ni danda’a.
- 2) Namni mana barbaadu unka iyyannoo keessatti qabxiwwan armaan gaditti tuqaman ibsuu qaba;
 - (a) Maqaa guutuu hanga akaakayyuutti, teessoo jireenyaa fi hojii,
 - (b) Kan fuudhe ykn heerumte yoo ta’e maqaa haadha manaa ykn abbaa manaa hanga akaakayyuu,
 - (c) Akkaataa Labsii kanaatti kanaan dura manni kan hin dabrineef ta’uu,
 - (d) Magaalaa jiraatu keessatti mana dhuunfaa ykn iddoo ijaarsa manaaf oolu kan hin qabne ta’uu,

- ፲) «ሰው» ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።
- ፲፩) በዚህ አዋጅ ውስጥ ወንድን የሚገልፅ ቃል ሴትንም ገልጻል።

፫. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በክልሉ የቤት ልማት ፕሮግራም መሰረት በሚገነቡ ቤቶች ተጠቃሚዎችን ከቤቶች አስተዳደር ጋር ግንኙነት ባላቸው ሰዎች ላይ ተፈጻሚ ይሆናል።

ክፍል ሁለት

ቤት ፈላጊዎችን መመዝገብን የክልሉ መንግስት የተገነቡ ቤቶችን የማስተላለፍ አፈጻጸም

፬. የቤት ፈላጊዎች ማመልከቻ ቅጽ ይዘትና አቀራረብ

፩) ማንኛውም ቤት ፈላጊ፡-

(ሀ) ላባል ከሆነበት ማህበር፣ ከጽሕፈት ቤቱ፣ ከከተማ አገልግሎት ጽሕፈት ቤት /ማዘጋጃ ቤት/ ወይም ቀበሌ ማመልከቻ በግንባር ቀርቦ በመመዝገብ የመኖሪያ ቤት በተከፋፈለ የረጅም ጊዜ ክፍያ ወይም በአንድ ጊዜ ክፍያ ከጽሕፈት ቤቱ ለመግዛት እንደሚፈልግ ሊያሳውቅ ይችላል።

(ለ) የንግድ ቤት ለመግዛት ወይም ለመከራየት የሚፈልግ ከሆነ ደግሞ በክልሉ መንግስት የፋይናንስ አስተዳደር ሕግ እንደተደነገገው በጨረታ ማስታወቂያ በሚገለፀው ወይም በስምምነት ላይ የተመሰረተ አግባብነት ያለው የንግድ ቤት ግዢ ወይም የኪራይ ማመልከቻ ቅጽ በመሙላት ለጽሕፈት ቤት ማመልከት ይችላል።

፪) ቤት ፈላጊ በመኖሪያ ቤት ፈላጊዎች ማመልከቻ ቅጽ የሚከተሉትን ዝርዝሮች መግለጽ ይኖርበታል፡-

(ሀ) ሙሉ ስሙና ከእያቱ፣ የመኖሪያና የስራ አድራሻውን፣

(ለ) ያገባ ወይም ያገባች ከሆነ ጓደኛውን ወይም ጓደኛዋን ሙሉ ስም ከአነስዳት፣

(ሐ) በዚህ አዋጅ መሠረት ቀደም ብሎ ያልተላለፈለት መሆኑን፣

(መ) በሚኖርበት ከተማ ውስጥ የግል መኖሪያ ቤት ወይም የቤት መሥሪያ ቦታ የሌለው መሆኑን፣

10) “Person” means physical or judicial person.

11) Provisions of this Proclamation in the masculine gender shall also apply to the feminine gender.

3. Scope of Application

This Proclamation shall be applicable to purchaser of units constructed or under construction by the Housing Development Program and persons related to the administration thereto.

Part Two

Registration of Home Seekers and Implementation of the Transfer of Houses owned by the Regional State Government

4. Lodging of Home Seekers Application Form and Its Content

1) Any Home Seeker may:

(a) Declare his intention to purchase a unit from the Town Administration Office or Kebele and indicate whether he affects payment either in installment or at one go by filling Home Seekers’ Application Form provided by the association to which he is a member.

(b) Declare his intention to purchase or lease a business unit by filling the appropriate form prepared for the purchase or lease of business unit as provided for in the Finance Administration of the Region.

2) Any Home Seeker shall fill the following particulars in the Home Seekers’ Application Form:

(a) His full name including his grandfather’s name and residence and business place.

(b) If married, his spouse’s full name including grandfather’s name;

(c) That no unit has been transferred to him in accordance with this Proclamation.

(d) His having no own private house or plot of land in the town.

- (e) Sababa sagantaa misooma manneenii ykn misooma biraatin kan ka'e mana dhuunfaa isaa ykn iddoo ijaarsa manaaf oolu kennameef akka gadhiisu taasifamuusaa,
- (f) Amma gaafa guyyaa iyyanno dhiyeesseetti magaalaa jiraatu keessatti ykn naannoo magaalichaatti yoo xiqqaate waggaa lama walitti aansee jiraachuusaa ykn kan hin jiraanne yoo ta'e sababa haala barumsaa ykn hojiidhaan magaalaa ala jiraachuusaafi eessaafi hanga ture ykn turu ibsu; Haa ta'u malee, iyyataan Oromoo jiraataa baadiyyaa ta'uusaa yoo mirkanaa'e ulaagaan waggaa lama jedhu kun raawwattiinsa hin qabu.
- (g) Sadarkaafi baay'ina kutaa mana bituuf barbaadu, akkasumas magaalaa manichi itti argamu,
- (h) Galii ji'aan argatuufi burqaa galichaa,
- (i) Gatii manichaa kan kaffalu al-tokkoon ykn walduraa duuba ta'uusaa, akkasumas yoo walduraa duubaan yeroo dheeraa keessatti kan kaffalu ta'e, akkaataa Labsii kanaatti kaffaltii duraa galchuufi kaffaltii kaffalee fixuuf fedhii qabaachuusaa,
- (j) Kaffaltiin manichaa yeroo murtaa'e dura dhumullee, mana jireenyaa bitate kana waggoota shan (5) dura namoota birootti gurgurtaan ta'e kennaan akka hin dabarsine waadaa galuusaa;
- (k) Akkaataa Labsii kanaatin buluuf fedhii qabaachuusaa,
- (l) Mana Mootummaa keessa kan jiraatu yoo ta'e, mana bitate gaafa guyyaa fudhate kaasee guyyaa 30 keessatti qaama manicha bulchuuf akka galchu waadaa galuu,
- (m) Wanti iyyata keessatti caqafame soba ta'ee yoo argame, waliigalteen akka diigamu ta'ee, manicha waajjirichaaf kan gadi dhiisu, akkasumas horii kaffale keessaa baasiin manicha suphuuf baheefi haala qajeelfama waajjirichi kaffaltii kiraa ilaalchisee baasurratti hundaa'uun gatiin kiraa yeroo keessaa tureef herregamee erga irraa cite booda kan hafe qofti akka deebi'uuf kan hayyamame ta'uusaa;

- (ሀ) በቤቱ ልማት ፕሮግራም ወይም በሌላ የልማት ስራ ምክንያት በከተማው ውስጥ የሚገኝ የግል ቤቱን ወይም ቤት መስሪያ ቦታውን እንዲለቅ መደረጉን፤
- (ረ) ማመልከቻ እስካቀረበበት ቀን ድረስ በተከተታይ በሚኖርበት ከተማ ወይም በከተማው ዙሪያ አካባቢ ቢያንስ ለሁለት ዓመት የኖረ መሆኑን፤ ካልኖረ ደግሞ ከከተማው ውጪ የኖረበትን የሥራ ወይም የትምህርት ሁኔታ እና የትና ለምን ያህል ጊዜ እንደቆየ ወይም እንደሚቆይ የሚገልጽ፤ ይሁን እንጂ የኦሮሞ ተወላጅ ሆኖ በገጠር መኖሩ ከተረጋገጠ ሁለት ዓመት የሚለው መስፈርት ተፈጻሚነት የለውም፡፡
- (ሰ) ለመግዛት የሚፈልገውና ቤት ዓይነትና የክፍል ብዛት፤ እንዲሁም ቤቱ የሚገኝበትን ከተማ፤
- (ሸ) የወርሃዊ ገቢውን መጠንና ምንጭ፤
- (ቀ) የቤቱን ዋጋ በአንድ ጊዜ ወይም በተከፋፈለ ረጅም ጊዜ ክፍያ የሚከፍል መሆኑን፤ እንዲሁም የተከፋፈለ የረጅም ጊዜ ክፍያ በሚሆንበት ጊዜ በዚህ አዋጅ መሠረት ቅድሚያ ክፍያ ለመክፈልን የተከፈለውና ክፍያ በተወሰነው ጊዜ ውስጥ ከፍሎ ለማጠናቀቅ ፍቃደኛ መሆኑን፤
- (በ) የቤቱን ዋጋ ክፍያ ከተወሰነው ጊዜ ቀደም ብሎ ቢጠናቀቅም የገዛውን የመኖሪያ ቤት በመጀመሪያዎቹ አምስት ዓመታት ውስጥ በሽያጭ ወይም በስጦታ ለሶስተኛ ወገን ለማስተላለፍ ቃል መግባቱን፤
- (ተ) በዚህ አዋጅ መሠረት ለመተዳደር ፈቃደኛ መሆኑን፤
- (ቸ) የሚኖረው በመንግስት ቤት ከሆነ ቤቱን ለሚያስተዳድረው አካል የገዛውን ቤት በተረከበ በ30 ቀን ውስጥ ለማስረከብ ፈቃደኛ መሆኑን እና፤
- (ኀ) በማመልከቻ ቅጽ የሞላው ዝርዝር ሐሰተኛ ሆኖ ቢገኝ ውሉ ተቋርጦ የገዛውን ቤት በመልቀቅ ለሻጩ ለማስረከብና ከክፍሉ ገንዘብ ላይ ለቤቱ ዕድሳት የሚያስፈልገውን ወጪና ለቆየበት ጊዜ በጽህፈት ቤቱ በሚወጣው መመሪያ በሚወስነው የኪራይ ቤት ተመን መሰረት ለቤቱ የሚሰላ የኪራይ ዋጋ ተቀንሶ ቀሪው ብቻ እንዲመለስበት የሚፈቅድ መሆኑን፤

- (e) Statement of the clearance of his own house or plot of land on account of the Housing Development Program or another development undertaking.
- f) His continuous residing in the town for a minimum of two years until the day of his application, if not, the place and period of time he had resided or will reside outside the town for the purpose of a study or business; However, if it is found that the applicant is an Oromo who resided in the countryside/ rural part of the town, the residing period which says two years is not applicable.
- g) The type of unit and number of rooms he desires to purchase as well as the town in which the unit is located.
- h) The amount and source of his income in a month.
- i) His consent to pay the total price of the unit in one go, or in installment, if the latter is the case, the amount of down payment and the period in which he will settle the remaining amounts in accordance with this Proclamation.
- j) Statement of his commitment not to transfer the unit he has purchased to a third party through sale or donation during the first five years from his receipt of the unit even if he has accomplished the payment required for the unit before the estimated period.
- k) His consent to be governed by the Proclamation.
- l) His consent to hand over the government house in which he resides, to the body administering it within thirty days of his receipt of the unit he has purchased.
- m) His consent to the termination of the contract, where the particulars filled in the Application Form are found to be false, and the consequent handing over of the unit to the seller as well as to be refunded out of the money he has already paid, only after maintenance cost and monthly rent for his stay in the unit has been calculated and settled according to the rate fixed by the guidelines to be issued by the Office.

- 3) Namni mana barbaadu iyyata galfatu keessatti wanti caqafame hundi dhugaafi sirrii ta' uusaa mirkaneessee mallatteessuu qaba.

5. Namoota Mana Barbaadan Addaan Baasuufi Galmeessuu

- 1) Namni mana barbaadu kamiyyuu odeeffannoon unka iyyannoorratti guutee Mana Qopheessa Tajaajilaa Magaalaatti odeeffannoo kuusaa ragaa keessa jiru wajjiin ilaalee hubachuudhaan mana jireenyaa kan dhuunfaa ykn iddoo manni jireenyaa irratti ijaaramu akka hinqabne akkasumas akkaataa Labsii kanaatin maqaasaatin ykn fuudhaafi heeruma keessa otoo jiranii maqaa haadha manaasaatin ykn abbaa manaasheetin mana jireenya dhuunfaa akka hin qabne waajjirichi ni qulqulleessa.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tin qulqulleeffama taasifamurratti Waajjirichi:
- (a) Jiraattoonni gandaa iyyataan keessa jiraatu unka bu'uura Keewwata 4(2) tin guutee yaada akka irratti kennan guyyaa 7f gabateerratti baasee yaada kennamanii wajjin ni madaala.
- (b) Waldaa iyyataan miseensa itti ta'eefi iyyata itti galfate miseensoonni waldichaa yaada kennan yoo qabaatan akka kennan maqaansaa beeksisaan akka bahu ni godha; yaada kennamees ni qorata.
- 3) Namni mana barbaadu akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumameen qulqulleessuun tarreeffamni unka iyyannoorratti guutame sirrii ta' uusa mirkaneessee waajjirri galmee namoota mana barbaadan keessatti iyyataa ni galmeessa. Gabatee beeksisaa waajjiraarratti maqaansaa ifa ta'a; Tartiiba akkaataa Labsii kanaa Keewwata 6tti mirga mana jireenyaa bitachuu ni argata.

6. Mirga Dursaa Argachuu

Waajjirri baay'ina manneen jiran bu'uura godhachuudhaan:

- 1) Namoonni mana barbaadan kan sababa misoomaatin ka'aniif gaaffii Bulchiinsa Magaalaatin dhiyaatu ka'umsa godhachuudhaan akkaataa murtii bulchiinsa Mootummaa naannootin haala adda ta'een mirgi manneen murtaa'an dursanii bitachuu ni qabaatu.

- ፫) ቤት ፈላጊዎች በማመልከቻ ቅጽ ላይ የሞላው ዝርዝር እውነተኛን ትክክለኛ መሆኑና በፊርማው ማረጋገጥ አለበት።

፭. ቤት ፈላጊዎችን ማጣራትን መመዝገብ

- ፩) ማንኛውም ቤት ፈላጊ በማመልከቻ ቅጽ የሞላው ዝርዝር በከተማው አገልግሎት ማዘጋጃ ቤት የመረጃ ማዕከል ካለው መረጃ ጋር እንዲገንዘብ በማድረግ የግል መኖሪያ ቤት መሰሪያ ቦታ እንደሌለው፣ እንዲሁም በዚህ አዋጅ መሠረት በእራሱ ስም ወይም በጋብቻ ውስጥ እያሉ በትዳር ጓደኛው ስም የተገዛ የመኖሪያ ቤት እንደሌለው ጽሕፈት ቤቱ ያጣራል።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት ከሚደረገው ማጣራት በተጨማሪ ጽሕፈት ቤቱ፡-
- (ሀ) አመልካች በሚኖርበትና ማመልከቻ ቅጽ በአንቀጽ ፬ ንዑስ አንቀጽ ፪ መሠረት በሞላበት ቀበሌ ነዋሪዎች አስተያየት እንዲሰጡበት ለ፯ ቀናት በማስታወቂያ ስሌዳ ላይ ለጥፎ ከሚሰጠው አስተያየት ጋር ማመልከቻውን ያገናኝባል፤
- (ለ) አመልካች የማመልከቻ ቅጽ በሞላበትን አባል በሆነበት ማህበር ለሎች አባላት አስተያየት/ጥቆማ/ካላቸው እንዲያቀርቡ ስሙ በማስታወቂያ እንዲወጣ ያደርጋል፤ አስተያየቱንም ይመረምራል።
- ፫) ቤት ፈላጊው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፪ በተመለከተው መሠረት በሚደረገው ማጣራት በማመልከቻው ቅጽ የሞላው ዝርዝር ትክክለኛ መሆኑ ሲረጋገጥ በጽሕፈት ቤቱ በሚወሰነው መሠረት ቤት ፈላጊዎች መዝገብ አመልካች ይመዘገባል፤ በጽሕፈት ቤቱ ማስታወቂያ ሠሌዳ ስሙ ይፋ ሆኖ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ በተቀመጠው ቅድም ተከተል መሠረት የመኖሪያ ቤት የመግዛት መብት ያገኛል።

፮. የቅድሚያ አወሳሰን

ጽሕፈት ቤቱ ያሉትን ቤቶች ብዛት መሰረት በማድረግ፡

- ፩) በልማት ምክንያት ለሚነሱ ቤት ፈላጊዎች በከተማ አገልግሎት ጽሕፈት ቤት/ማዘጋጃ ቤት/ በሚቀርብ ጥያቄ መነሻ የክልሉ አስተዳደር በሚወሰነው መሠረት የተወሰነ የቤቶች ድርሻ በልዩ ሁኔታ ተይዞላቸው ቤቶችን የመግዛት የቅድሚያ መብት ይኖራቸዋል፤

- 3) The Home Seeker shall verify that the particulars filled in the Application Form are correct and true.

5. Screening and Registration of Home Seekers

- 1) The particulars filled by any Home Seeker shall be verified vis-à-vis the data base of the town Government to make sure that he has no his own House and a plot of land and that he has not purchased a unit according to this Proclamation in his name or in the name of his spouse while in the wedlock.
- 2) According to this Article Sub-Article (1) the Office shall carry out the screening in the following manner:
- (a) Eliciting information by posting for a period of 7 days, the name of the Home Seeker on the notice board of the kebele, in which he resides and has filled the Application Form, and cross checking based on the information of the respective residents thus to be gathered and based on the Article 4 (2) of the Proclamation.
- (b) Obtain information by posting the name of the Home Seeker on the notice board of the association of which he is a member and whereby he has filled Application Form thereof and cross checking based on the information given.
- 3) Where the particulars filled in the Application Form by the Home Seeker have been verified pursuant to Sub-Article 1 and 2 of this Article, his name shall be entered by the Office in the Register of Home Seeker's and this shall be publicized on the Notice Board; He shall be entitled to unit purchase right as per the order of precedence provided as per Article 6 of this Proclamation.

6. Setting priority

Based on the stock of units the Office shall:

- 1) A stock of units shall be reserved for Home Seekers to be cleared from their place of residence on account of development undertaking shall have priority to purchase units as per the decision of Regional State Administration.

- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa Itin namoota mana barbaadan mirga dursaa argatan keessaa bu'uura Keewwata 5(3) jalatti tumameen kan galmaa'an keessaa yoo xinnaate hanga %20 dubartoota otoo hin heerumin ykn sababa hiikuutin ykn du'aatin abbaa manaa ta'anii mana bulchanu (household head) ta'uu qabu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tuqame jiraatullee, namni gatii manichaa guutuusaa ykn gatii murtaa'e keessaa harka caalaa kaffale mirgi dursaa ni kennamaaf.
- 4) Waldaan kamiyyuu, akkaataa Labsii kanaa Keewwata 13 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen gatii gurgurtaa guutuu kaffalee bitachuudhaan haala Labsii kana Keewwata 6 (2) fi (3) tti caqafameen miseensota isaa mana barbaadaniif akka hiree dabarsu manneen murataa'an ramadamuufi ni danda'a.

Aangoofi Hojii Waajjirichaa

Waajjirichi Aangoofi hojii seerota birootin kennameef akkuma eegametti ta'ee;

- 1) Manneen jireenyaafi manneen daldalaa ijaaramaniifi ijaaramaa jiran addaan baasee qabuudhaan gurgurtaadhaaf ni qopheessaa ykn Bulchiinsa Magaalaatiin akka qophaahu ni taasisa;
- 2) Manneen ijaare akkaataa Labsii kanaatin ni galmeessisa ykn karaa qaamoota bakka bu'ummaa kenneefitin wanti barbaachisaa ta'e guutamee akka galmaahu ni taasisa.
- 3) Baay'ina namoota mana barbaadaniifi sadarkaa garagaraa isaan irratti argaman beekuudhaaf ragaa dandeessisu ni qindeessa, ykn ganda gandatti akka qindaa'u ni taasisa.
- 4) Akkaataa labsii kanaatiin baay'ina namoota mana barbaadaniifi qoodiinsa, manneen ijaaramanii xumuramaniifi ijaaramaa jiran tilmaama keessa galchuudhaan kan namoota mana barbaadan ga'uu qabuufi ulaagaawwan filannoo ragaa unka iyyannoo namoota mana barbaadan irratti hundaa'uudhaan, yeroodhaan yaada murtee qopheessee qaama ol'aanuuf ni dhiyeessa; yoo mirkanaa'es hojiirra ni oolcha.

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት በቅድሚያ መብት ተጠቃሚ ከሚሆኑ ቤት ፈላጊዎች መካከል በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፭ ንዑስ አንቀጽ ፫ መሠረት የተመዘገቡ እስካሉ ድረስ ቢያንስ ፳ ፐርሰንቲ እማወራዎች ይሆናሉ፤

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ የተመለከተው ቢኖርም የቤቱን ሽያጭ ጠቅላላ ዋጋ በአንድ ጊዜ ክፍያ ወይም ከተወሰነው የተሻለ ቅድሚያ ክፍያ የሚፈፅም ገዥ የቅድሚያ መብት ያገኛል፤

፬) ማናቸውም ማህበር በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፫ ንዑስ አንቀጽ ፩ እንደተመለከተው ጠቅላላ የሽያጭ ዋጋ ከፍሎ በመግዛት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ እና ፫ በተደነገገው መሠረት ለቤት ፈላጊ አባላቱ የሚያከፋፍላቸው የተወሰኑ ቤቶች ሊመደቡለት ይችላሉ፡፡

፯. የጽሕፈት ቤቱ ስልጣንና ተግባር

ጽሕፈት ቤቱ በሌሎች ሕጎች የተሰጠ ስልጣንና ተግባራት እንደተጠበቁ ሆኖ፡

፩) የተገነቡ ወይም በግንባታ ላይ ያሉ የመኖሪያ ቤቶችን የንግድ ቤቶችን ለይቶ ያስተዋውቃል፤

፪) የገንባቸውን ቤቶች በአዋጅ መሰረት ያስመዘግባል ወይም ውክልና በሰጠው ሌላ አካል አማካኝነት አስፈላጊው ተሟልቶ እንዲመዘገቡ ያደርጋል፤

፫) በተለያዩ ደረጃዎች የሚገኙ ቤት ፈላጊዎችን ብዛትን ቁጥር ለማወቅ የሚያስችል መረጃ ያደራጃል፤ ወይም በየቀበሌው እንዲደራጁ ያደርጋል፤

፬) በዚህ አዋጅ መሠረት የቤት ፈላጊዎችን ብዛትና ክፍፍል እንዲሁም የተጠናቀቁ፣ በመገንባት ላይ ያሉ ቤቶችን ግምት ውስጥ በማስገባት ለቤት ፈላጊዎች ሲከፋፈል ስለሚገባው ድርሻና የመምረጫ መስፈርቶችን አስመልክቶ በቤት ፈላጊዎች ማመልከቻ ቅጾች በሚገኘው መረጃ ላይ በመመሥረት የውሳኔ ሃሳብ በየጊዜው እያዘጋጀ ለበላይ አካል ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ተግባራዊ ያደርጋል፤

2) Where the number of Home Seekers having priority right indicated in Sub-Article 1 of this Article registered under Sub-Article 3 of Article 5 a minimum of 20% female-headed-households shall be entitled.

3) Notwithstanding Sub-Article 1 of this Article, any Home Seeker who pay the total sale price in one go or, better down payment than the fixed amount shall acquire special priority to purchase a unit.

4) A unit may be assigned to any association in return for the payment of their total price in one go as indicated in Sub-Article 1 of Article 13 of this Proclamation for the purpose of distributing to its members as provided under Sub-Articles 2 and 3 of Article 6.

7. Powers and Duties of the Office

Keeping powers and duties delegated to the Office by the other party as it is;

1) Categorize units by purpose as for trade and living and prepares for sale by itself or by Town Government.

2) Register units constructed in accordance with this Proclamation or according to the power given to the Substitutes.

3) Organize or cause to be organized at kebele level in respect of the number and composition of varying status group Home Seekers.

4) Prepare and Submit proposals periodically in accordance with this Proclamation to the person in authority concerning the share of stock of units to be distributed with in Home Seekers and selection criteria based on the number and composition of Home Seekers it has collected from the Application Form, as well as the units constructed or under construction and shall implement same upon approval and ensure its implementation.

- 5) Waliigaltee manneen jireenyaa namoota mana barbaadanif itti darbu qopheessuudhaan nama mana bitatu filatee waliigaltee bittaaafi gurgurtaa ni mallatteessaa; ykn qaama seera qabeessa kan biraatif bakka bu'uummaa ni kennaa;
- 6) Bakka bu'ummaa kennaneef keessatti nama mana bitatee waliigaltee diigerratti akkaataa Labsii kanaa Keewwata 15 Keewwata Xiqqaa 2 tiin bakka bu'aan tarkaanfii barbaachisaa akka fudhatu heeyyamuu ni danda'a; bakka bu'aan waliigaltee akkaataa seeraatin hojiirra oolchuusaa ni mirkaneessa;
- 7) Namoonni mana bitan akkaataa waliigaltee mallatteessaniin kaffaltii duraa ykn gatii guutuu akka kaffalaniifi gamoo filatan keessaa mana mataa mataaasani gahu adda bahee, waliigaltee raawwatanii akka fudhatan ni taasisa; ykn waliigaltee raawwatamuusaa ni mirkaneessa;
- 8) Nama mana daldalaa bituudhaaf ykn kireeffatuudhaaf caalbaasii dorgomee ykn mariidhaan (by negotiation) mo'ate kamiyyuu wajjin akka barbaachisaa ta'eetti, waliigaltee gurgurtaa ykn kiraa, magaalaa manichi itti argamuutti akka mallattaa'u bakka bu'uummaa ni kenna. Manneen daldalaa kireeffamanis akkaataa Labsii kanaafi Dambii Mootummaan Naannoo Oromiyaa manneen bulchuuf baasuun kan bulan ta'uusaanii ni hordofa; ni to'ata;
- 9) Namni mana bitate kamiyyuu haala waliigalteen kaffaltii xumuruunsaa yoo mirkanaa'e, mana bitateef waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa fi iddoo qabiyyee lafaa haala fudhatama qabuun waajjira taajaajila magaalaa (Bulchiinsa Magaalaa) itti argamurraa akka kennamuuf ajaja ni dabarsa; akka kennameefis ni hordofa;
- 10) Manneen kondominiyeemii jiraattotaaf tajaajila waliinii akka kennan hojjataman haala Labsii kanaatin abbootii manneenii kan waldaan galmaa'aniif ykn waldaa daldalaati waliigaltee gurgurtaatin darbuufi tajaajillisaa otoo hin jijjiiramne hojiirra ooluusaa ni mirkaneessa.

- ፩) መኖሪያ ቤት ለቤት ፈላጊ የሚተላለፍበት ውል በማዘጋጀት የሚገዛውን ቤት ከለየ የግዢና የሻጭ ውል ይፈራረማል፤ ወይም ለሌላ አግባቡ ላለው አካል ውክልና ይሰጣል፤
- ፪) በሚሰጠው ውክልናም ውል ባፈረሰ ቤት ገዢ ላይ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፭ ንዑስ አንቀጽ ፪ በተመለከተው መሠረት ተወካዩ ተገቢውን እርምጃ እንዲወስድ መፍቀድ ይችላል፤ ተወካዩ ውሉን በአግባቡ ሥራ ላይ ማዋሉን ያረጋግጣል፤
- ፫) ቤት ገዢዎች በፈረሙት ውል መሠረት እንደየአግባቡ ቅድሚያ ክፍያ ወይም ጠቅላላ ዋጋ እንደከፍሉና በመረጡት ሕንጻ ውስጥ ለሚገኝ ፎቅና የቤት ዓይነት ለእያንዳንዳቸው የሚደርሰው ቤት ተለይቶ ውል እንዲዋዋሉና እንዲረከቡ ያደርጋል፤ ወይም መደረጉን ያረጋግጣል፤
- ፬) የንግድ ቤት ለመግዛት ወይም ለመከራየት በጨረታ ወይም በስምምነት ተወዳድሮ ካሸነፈ ማንኛውም ቤት ፈላጊ ጋር እንደየአግባቡ የቤት ሽያጭ ወይም ኪራይ ውል ቤቱ የሚገኝበት ከተማ ጽሕፈት ቤት እንዲፈረም ውክልና ይሰጣል፤ የተከራዩ ንግድ ቤቶችም በዚህ አዋጅ መሠረትና የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ቤቶችን ለማስተዳደር ባወጣው ደንብ መሠረት መተዳደራቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- ፭) ማንኛውም ቤት ገዢ በውሉ መሠረት ክፍያውና ማጠናቀቁ ሲረጋገጥ ለገዛው ቤት የቦታ ይዞታ፤ የማይንቀሳቀስ ንብረት ምስክር ወረቀት እንደየአግባቡ በከተማው አገልግሎት ጽሕፈት ቤት / ማዘጋጃ ቤት/ ወይም ቤቱ በሚገኝበት ጽሕፈት ቤት እንዲሰጠው ትዕዛዝ ያስተላልፋል፤ መሰጠቱንም ይከታተላል፤
- ፮) ለነዋሪዎቹ የጋራ አገልግሎት እንዲሰጥ የተሠራ የጋራ መጠቀሚያ ኮንዶሚኒየምን በአዋጁ መሰረት ለተመዘገበ የባለቤቶች ማህበር ወይም ለንግድ ማህበር በሽያጭ ውል መተላለፉንና አገልግሎቱን ሳይለውጥ ሥራ ላይ መዋሉን ያረጋግጣል፤

- 5) Prepare model form for contract and transfer of unit and ensures the sale of the unit based on the criterion or by any substitute dealing with the concerned body based on the screening;
- 6) Authorize the representative to take necessary measures indicated in Sub-Article 2 of Article 15 of this Proclamation, should the purchaser fail to perform his contractual obligations, as well as ensure that the representative implements the contract accordingly;
- 7) Ensure that Home Seekers receive the units they have purchased according to the contracts of sale signed by effecting down payment or total price in one go and also ensure that the Home Seekers are assigned their own units according to the criteria set for the choice of the condominium;
- 8) prepare model form for contract of sale or lease and delegate the Office, in which the business unit is located, to conclude contract of sale or lease with a winner of auction conducted for the sale or lease business units and it shall follow up and supervise that units leased for business purpose are administrated pursuant to the Oromiya National Regional State Housing Administration Regulations;
- 9) Ensure that unit ownership title deed is issued to the purchaser by the respective city administration as the case may be, where it is ascertained that he has effected payment of the total price as per the contract of sale;
- 10) Ensure that common element is transferred by sale to Unit Owners Association registered in accordance with the Proclamation or business organization and that it is used for the designated purpose;

11) Nagahee seeraatin kafaltiin dursaa fi kafaltiin hafe akka raawwatuufi akkaataa seera bulchiinsa faayinaasii Mootummaa naannichaatiin gatiin akka sassaabamu ni taasisa; kanas akkuma barbaachisummaa isaatti mana ofiisaatii waliigaleen gurgure kaffaltii ni sassaaba; ykn baankii bitattoonni kaffaltii itti raawwatan ykn buufata kaffaltii kan biroo bakka buusuudhaan ni raawwachiisa;

12) Namni kamiyyuu akkaataa Labsii kanaa Keewwata 15 jalatti tumametti waliigaltee diiguusaa waajjirichi ennaa mirkaneesse:

(a) Mana fudhate akka gadi dhiisu ni taasisa; ykn qaama biraaf bakka bu'uummaa kennuun akka raawwatamu taasisa; waliigaltichi karaa bakka bu'aatin kan diigame yoo ta'e kanuma ni mirkaneessa.

(b) Maallaqa kaffalerraa baasiin haaromsa manaatif barbaachisuu fi yeroo mana keessa tureef qajeelfama hojii irra jirurratti hundaa'uudhaan kiraa manichaa herreegame erga hiri'amee booda kan hafe qofti akka deebii'uuf ni taasisfame ykn taasifamuusaa ni mirkaneessa;

(c) Haala Labsii kanaa Keewwata 6tin mirgi dursaa eegamee namni mana barbaadu kan biraa waliigaltee mallatteessee akka bakka bu'u taasisa; ykn bakka bu'uu isaa ni mirkaneessa;

13) Namni mana barbaadu manicha dhaabbata liqii liqeessuuf wabummaadhaan qabsiisee bitachuu kan barbaadu ta'uusaafi waajjirri dhaabbata liqii liqeessuuf tilmaama manaa akka beeksisuuf iyyanoodhaan yoo gaafatuu dhaabbatichi manicha wabummaadhaan qabatee namichaa maallaqa yoo liqeessuuf namichi gatii tilmaama manaa guutuu kanffaluu yoo danda'e waajjirri mannicha kan isatti gurguru ta'uusaa ni mirkaneessa.

፲፩) በሀጋዊ ደረሰኝ ቅድሚያ ክፍያና ቀሪ ክፍያ እንዲፈፀምና በክልሉ መንግስት የፋይናንስ አስተዳደር ሕግ መሠረት ገቢ እንደሰበሰበ ያደርጋል፤ ይህንንም እንደየአግባቡ እራሱ ተዋውሎ ለሽጠው ቤት ክፍያ በመቀበል ወይም ገዢዎች ክፍያ የሚፈፅሙበት ባንክ ወይም ሌላ የክፍያ ጣቢያ በመወከል ያስፈጽማል፤

፲፪) ማናቸውም ቤት ገዢ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፭ በተደነገገው መሠረት ውል ማፍረሱን ሲያረጋግጥ ጽሕፈት ቤቱ፡-

(ሀ) ውሉን በማቋረጥ የተረከበውን ቤት እንዲለቅ ያደርጋል፤ ወይም

ውክልና በመስጠት በሌላ አካል እንዲፈፀም ያደርጋል፤ በውክልናውም መሰረት መፈጸሙን ያረጋግጣል፤

(ለ) ከክልሉ ገንዘብ ላይ ለቤቱ ዕድላት የሚያስፈልገው ወጪና ለቆየበት ጊዜ በሚወጣው መመሪያ ላይ በሚወሰነው የኪራይ ተመን መሠረት ለቤቱ የሚሰላ የኪራይ ዋጋ ተቀንሶ ቀሪው ብቻ እንዲመለስለት ያደርጋል፤ ወይም መደረጉን ያረጋግጣል፤

(ሐ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ በተደነገገው የቅድሚያ አወሳሰን መሠረት ሌላ ቤት ፈላጊ ውል ፈርሞ እንዲተካ ያደርጋል፤ ወይም መተካቱን ያረጋግጣል፤

፲፫) ቤት ፈላጊ ቤቱን ለአበዳሪው ተቋም በዋስትና በማስያዝ ቤት ለመግዛት የሚፈልግ መሆኑንና ጽሕፈት ቤቱ ለአበዳሪው ተቋም የቤቱን ግምት እንዲያሳውቅ በማመልከቻ ከጠየቀ፤ ቤቱን በዋስትና የያዘው ተቋም ለቤት ፈላጊው ገንዘብ ካበደረው፤ ቤት ፈላጊው የቤቱን ግምት ሙሉ ዋጋ መክፈል ከቻለ፤ ጽሕፈት ቤቱ ይህን ቤት የሚሸጥለት መሆኑን ያረጋግጣል፤

11) Ensure that down payments and remaining installments are collected by receipt as per the Finance Administration of the Regional Government; in respect of units sold or leased by itself, or cause same to be executed by a credit service institution or another body delegated for this purpose.

